# سُورَةُ التَّغَابُنِ
# Suuraa Taghaabun

| | |
|---|---|
| *Dura dursoo suuraan tun {suuratutta ghaabun} je'amti | قبل كل شئ هذه هي سورة التغابن |
| *Isiin suuraa madiina'aati. | وهي سورة مدنية |
| * Aayaanni isi'i i kudha saddeeti {18} | وآياتها ( ١٨ ) آية |
| *Lakkooysi isi'iijahaatamii afuri. | وترتيبها ( ٦٤ ) |
| *Isiin eega suuratuttahgriimi bu ute | نزلت بعد سورة التحريم |
| *Jalqabni maqaa rabbii rahgmata xiqqa'aa guddaa qabuuti . | بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| *Rabbiif gad je'a. tasbiihga godha waan isaan hin malle hundarraa isa qulqulle-eysa .isaaf sujuuda , | يُسَبِّحُ لِلَّهِ |
| *Wanni rabbiin sami'iifii dachii keessatti uume hundi | مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلْأَرْضِ |
| *Mootummaan ta rabbiitii ,waan fedhe dalagaa, waan fedhe dhiisaa.waa takkall-een isaa achitti hin taatu | لَهُ ٱلْمُلْكُ |
| *Faarun marti,ta isaati. kan wahayyur-ratti, akka maratti faarfamu isa . | وَلَهُ ٱلْحَمْدُ |
| l}*Inni kan wahayuu dandayaa. | وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١﴾ |
| *Rabbiin isa isin uume. | هُوَ ٱلَّذِي خَلَقَكُمْ |
| *Isinirraa nama kufri'irratti uurnameetu jira . kan kufrumarratti du'uudhaa jiraatu | فَمِنكُمْ كَافِرٌ |
| *Ammas isinirraa nama iimaanarratti | وَمِنكُم مُّؤْمِنٌ |

uumame kan iimaanarratti du'uutu jira. Haala namni itti uumamee irratti jiraatee , irratti du'u ,ammallee irratti kaafamu yoo laalle bakka afuritti qoo-dama:

**Tokko :** nama rabbiin jannataaf uume,kan hanga jiru iimaanarratti jiraatee iimaanarratti du'u Kan

**lammaffa'aa;** nama rabbiin jannataaf uume kan hanga jiru kufri'irratti jir-aatee, booda keessa, iimaanarratti du'u .

**sadaffa'aa;** nama rabbiin azaabaf uume,kan kufrumma'aan dhalatee .hanga jiru kufrumma'aan jiraatee, kufrumma'arratti du'u,

**afraffa'aa ;** nama rabbiin azaabafuume kan hangajiru. iimaanarratti jiraatee, eegasii kufri'irratti du'u. duuba namni kanuma jannataaf uumameefii, kan azaabaf uumame.
Nama jannataaf uumame wanni beekaniin, iimaanarratti du'uudha.odoo san dura, kaafira tayelle'ee.nama azaabaf uumame wanni beekaniin, kufri'irratti du'uu. odoo san dura mu'mina tayallee. duuba wanni laalamu waan jiruun namaa irratti dhumte.namni jannataaf uumame sakgiid je'ama.ammoo kan azaabaf uumame shaqiyyii je'arna , san hunda rabbii nama uume malee namni beeku hin jiru , tanaaf yaa rabbi, khaatimaa yookaa dhuma nu tolchi je'anii , khadhatan. haa tayuu nama waan ham tuu dalagu irra hedduu, jiruun isaa karaa hama'arratti dhumti.ammoo nama waan gaarii dalagu irra hedduu, jiruun isaa karaa gaari'irratti dhu mti. tanaaf odoo waanjiruun namaa itti dhumtullee beekuu baatanii, waanuma gaarii rabbirraa argannaa yaad-a'aa waan gaarii dalagu'utti jabaatan.rabbiin nama waan gaarii rabbumaa je'ee dalage, jannata seensisu'uuf if qabee jiraa .

وَٱللَّهُ بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرٌ ٢

2} *Rabbiin, waan isin dalaydan hunda, ni argaa ni beekaa.

خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ بِٱلۡحَقِّ

*Waaqni sami'iifii dachii,haqaan uumee jira.

وَصَوَّرَكُمۡ فَأَحۡسَنَ صُوَرَكُمۡۖ

*Waaqni isin sawwaree suuraa teessan isin tolchee jira. tanaaf jecha suuran, yookaa uuman namaa, suuraa hu ndarra bareeddi . kun hundinuu qananii rabbiin namaan qananiisee, galata isaaf galchaa

وَإِلَيۡهِ ٱلۡمَصِيرُ ٣

3}* Du'aan, gara isaa deebitanii, namuufuu jazaa galchaa .

يَعۡلَمُ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ

*Rabiin waan sami'iifii dachii keessa jiru hunda beekaa .

وَيَعۡلَمُ مَا تُسِرُّونَ

*Rabbiin waan isin dhoysitan hunda beeka.

وَمَا تُعۡلِنُونَۚ

* Akkasuma waan isin mul'iftan hunda beeka.

وَٱللَّهُ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ٤

4}*Rabbiin waan qoma keessa jiru kan akka yaadaa hunda beekaa wanni takka isarraa hin dhokattu .

أَلَمۡ يَأۡتِكُمۡ

*Si isinii hin dhufnee? yaa warra rabbi moromu?

| | |
|---|---|
| *Oduun jara isin dura rabbitti kafaree , isin hin geenyee? | نَبَؤُاْ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِن قَبۡلُ |
| *Duuba warri isin dura kafare sun qixa-axa kufrii isaanii addunyaa tanarratti dhandharnanii jiran . | فَذَاقُواْ وَبَالَ أَمۡرِهِمۡ |
| 5}*Ammas jara sani if.aakhira'atti qixa-axa isaan laalessuutu jira . | وَلَهُمۡ عَذَابٌ أَلِيمٞ ٥ |
| *Wanni addunya'aa aakhira'atti qixaax-amaniif. | ذَٰلِكَ |
| *Sababaa ergamoonni isaanii,kan Rabbiin isaanitti erge isaanitti dhufee, rnu'jizaa mul'attuu, adii , iimaanatti isaan yaamtu , garsiisanii. | بِأَنَّهُۥ كَانَت تَّأۡتِيهِمۡ رُسُلُهُم بِٱلۡبَيِّنَٰتِ |
| *Duuba si namaatu karaa Rabbii nu qaj-eelchaa je'anii | فَقَالُوٓاْ أَبَشَرٞ يَهۡدُونَنَا |
| *Rabbitti kafaranii, iimaanarraa gara gal-aniifi, qixaaxaman . | فَكَفَرُواْ وَتَوَلَّواْۚ |
| *Akkasitti Rabbiin iimaana isaanirraa du-roomun,mul'ate maalif akkuma kufriin isaanii Rabbi hin dararre iimaanni isaanil-leen isa hin fayyanne. | وَّٱسۡتَغۡنَى ٱللَّهُۚ |
| *Rabbiin waa hundarraa dureessa . | وَٱللَّهُ غَنِيٌّ |
| 6}*Kan dalagaa isaa hundarratti faa-rfamu. | حَمِيدٞ ٦ |
| *Warri Rabbitti kafare.eega duunee.hin kaafamnuu yaada. | زَعَمَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓاْ أَن لَّن يُبۡعَثُواْۚ |
| *Eeyee, Rabbii kiyyaan, isiniif kakadhee ,qabri'ii ni kaafamtan ji'iin, | قُلۡ بَلَىٰ وَرَبِّي لَتُبۡعَثُنَّ |
| *Eegasii wanni isin dalaydan hundi, isin-itti odeeffamti irraa isin gaafatu'uu jecha. | ثُمَّ لَتُنَبَّؤُنَّ بِمَا عَمِلۡتُمۡۚ |
| 7}*Eega duutanii is in kaasee isin qixaa- | وَذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٞ ٧ |

xun sun,Rabbi birratti waan laaftu'u,silaa isinii wahi hin je'amneeyuu, isin uumee, akkamiin waan adda diigarne.walitti deebisuu dadhaba. Akka ayli'i-ttuu waan hin jirri uumu'uutu, waan jiru kan bade deebisu 'urra jabaataa. duuba kan isin jalqabe , akkamiin isin hin deebifne

فَـَٔامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ
*Duuba dubbii dhiisa'aa Rabbi dhugo'oomsaa .Ergamaa isaa Muhammadis dhugo'oomsaa.

وَٱلنُّورِ ٱلَّذِىٓ أَنزَلْنَا ۚ
*Nuura ifaa nuti buufnes dhugo'oomsaa .ifaan Rabbiin buuse Qur'aana .waan inni karaa haqaa namaaf ibsuuf jecha, ifa'aan yaamame .

وَٱللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرٌ ﴿٨﴾
8}*Rabbiin waan isin da!aydan mara, beekaa

يَوْمَ يَجْمَعُكُمْ لِيَوْمِ ٱلْجَمْعِ
*Guyyaa wal gayaa kan Rabbiin guyyaa

san keessatti walitti isin qabu, dubbadhu sun guyyaa qiyaama'aatii .kan Rabbiin warra duraatifii kan boodaa, namaafii, jinnii, warra dachi'ii sami'ii hunda, isa keessatti walitti qabu.

ذَٰلِكَ يَوْمُ ٱلتَّغَابُنِ
*Guyyaan qiyaama'aa sun guyyaa waan

walii , wal duraa fudhatanii garaa wal gubu'uuti.maalif gaafas ormi mu 'minaa kuffaara duraa waan isaan , jannata keessaa odoo amananii qaban , fudhata , manaafii waan biraa hunda.akkuma ormi kuffaaraa orma islaamaa duraa waan isaan azaaba keessaa odoo kafaranii qaban ,fudhatu .sun {ghubnii} je'amaa .keessattuu gama kuffaaratiin, kan wanni gaarin duraa fuudhamte .

وَمَن يُؤْمِنۢ بِٱللَّهِ وَيَعْمَلْ صَـٰلِحًا
*Nama Rabbitti amanee waan gaarii dalage

يُكَفِّرْ عَنْهُ سَيِّـَٔاتِهِۦ
*Rabbiin dilii hunda ni araaramaaf

وَيُدْخِلْهُ جَنَّـٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَـٰرُ
*Akkasuma jannata bishaan keessa yaa'u, isaan seensisa

خَـٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدًا ۚ
*Kan zalaalamii jannata san keessa taa'an qananian .

ذَٰلِكَ ٱلْفَوْزُ ٱلْعَظِيمُ ﴿٩﴾
9}*Sun milkii goddo'o.

وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَكَذَّبُواْ بِـَٔايَـٰتِنَآ
*Ammoo warri Rabbitti kafaree, qur'aana keenya kijibsiise.

أُوْلَـٰٓئِكَ أَصْحَـٰبُ ٱلنَّارِ خَـٰلِدِينَ فِيهَا ۖ
*Isaan warra ibiddaati kan. Zalaalamii keessa taa'an .

وَبِئْسَ ٱلْمَصِيرُ ﴿١٠﴾
**10}***Inni waa bakka itti deebi'an hamtu'uu.

مَآ أَصَابَ مِن مُّصِيبَةٍ إِلَّا بِإِذۡنِ ٱللَّهِۗ

*Balaan nam tokkollee hin tuyxu,fidhii Rabbiitin malee yon waan Rabbiin namatti muree, dabarse taate malee, waa takkalleen , khayrii taatuu , sharrii taatuu , fedhii Rabbiitin malee, hin taatuu .

وَمَن يُؤۡمِنۢ بِٱللَّهِ

*Namni Rabbi dhugo'oomse kan wanni hundi firdii isaatin taatii yaadee , hoggaa balaan itti buute, anaafii balalee , Rabbiitu uumee beekee, {innaa lillaahi wa innaa ilayhi Raajikguun { إنا لله وإنا إليه راجعون }

يَهۡدِ قَلۡبَهُۥۚ

* Rabbiin qalbii nama sanii ni qajeelcha akka obsu godheeti sawaaba warra bala'arratti obsee, kan Iikkii hin qabne san kennaaf.

وَٱللَّهُ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمٞ ١١

11}*Rabbiin kan waa hunda beekuu, inni nama dhuga'aan obsuufii kaan adda beekaa , hubadhaa

وَأَطِيعُواْ ٱللَّهَ وَأَطِيعُواْ ٱلرَّسُولَۚ

*Rabbii keessan ammallee ergamaa isaa yaroo hunda dhagayaa balaan isin tuyxe, Rabbiifii ,ergamaa isaa dhagayu'urraa isin hin dhowwin .

فَإِن تَوَلَّيۡتُمۡ

*Yoo Rabbiifii,rasuula dhagayu'urraa gara galtan, yon waan inni je'u diddan , ifuma miitan malee, ergamaa keenya rakkoon isarra hin geessu.

فَإِنَّمَا عَلَىٰ رَسُولِنَا ٱلۡبَلَٰغُ ٱلۡمُبِينُ ١٢

12}*Wanni ergamaa keenyarra jiru .ergaa teenya, dirree baasee isinitti geessu'uu san isinitti geessee, dalagaa isaatin akka gaari'itti dhaabbatee , warra isa dhagayuu dide Rabbiin ni qixaaxaa.

ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۚ

*Rabbiin kan isa malee Rabbiin biraa hin jirre.kan waa hunda uume kan wanni hundi gara isaa deebituu .

وَعَلَى ٱللَّهِ فَلۡيَتَوَكَّلِ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ ١٣

13}*Warri dhuga'aan amane , Rabbirratti haa irkatuu waa hundaafuu, isa haa abdatuu. hoggaa bal'oodhatiifii hoggaa Rakkoodhallee

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ

*Yaa warra Rabbitti amane kan waan inni je'u dhugo'oomsu .

إِنَّ مِنْ أَزْوَٰجِكُمْ وَأَوْلَٰدِكُمْ عَدُوًّا لَّكُمْ

*Gariin beera keessanii,gariin joollee teessanii diina keessanii , waan gaarii dalagu'urraa isin dhoowwanii. ibaada'arraa isin teessisanii waan akka qabso'oo faa isin sodaachisanii .

فَٱحْذَرُوهُمْ

*Ifirraa eegaa, isaan dhageessanii, karaa Rabbirraa hin taa'inaa. gaafa dura, namni tokko tokkoon islaa mayu nama heddu'uutu , isaanirraa , cinqii kuffaaraa arge.maa amantaniif jecha .duuba joolle'eefii, beerri nama isaanii islaamarraa dhoowwuu turan .akka waliin hin rakkanneef.ammoo gariin walumaan islaamayanii , walumaan rakkatan .gaafas namni amane , bakka nabi jiru madiina'atti hij raa bayee , diin nabirraa baratuun , jihaada wajji godhuun , dirqama .du uba namni dandeytii qabu hundi , madiina'atti qajeele.haa tayuu nama garii jaarti'iifii , joollen itti boochee hijraa bayuu dhoowwite .haa tayuu booda keessa hoggaa madiinaa dhaqan , wanni argan , warra isaan dura madiinaa dhaqe , kanqur'aana nabi Muhammadirraa , nageenyi isarratti haa jiraatuu baratee , tarkaanfii guddoo fudhate. duuba hoggaa san sheenayanii , joolle'eefii beera hijra'arraa isaan hanbise san, qixaaxuu ya adan.duuba , dubbii tanaa jecha Rabbiin aayata buusee , akki je'e

وَإِن تَعْفُوا۟

*Yoo dhiifama joole'eefii, beera keessanii gootan.

وَتَصْفَحُوا۟

***Yoo** isaanirraa biiluu bayuu dhiiftan

وَتَغْفِرُوا۟

*Yoo isaanif araaramtan. santu irra caala .isaanifii,isinille'eef Rabbiinuu, waan isin balleessitan , isiniif araaramaa .

فَإِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١٤﴾

14}*Rabbiin kan akkaan namaa faraaramu .kan akkaan rahgmata namaaf godhuu , isinis walii araaramaa rahgmata walii godhaa.

إِنَّمَآ أَمْوَٰلُكُمْ وَأَوْلَٰدُكُمْ فِتْنَةٌ

*Horiin keessaniifii, joollen teessan, waan Rabbiin isiniin mokkoruudhaa isinii kenne .nama i1maanifii horiidhan jallatuufii, kan qajeelun laalu'uu jecha .

وَٱللَّهُ عِندَهُۥٓ أَجْرٌ عَظِيمٌ ﴿١٥﴾

15}*Rabbiin sawaaba, yookaa galata guddaa waan addunya'aa kanarra caalu, if biraa qabaa, hori'iifii, joollen dubbii Rabbii dhagayu'urraa, ibaadaa godhu'urraa, isin hin dhoowwin .waan hamtuu dalagu'utti isin hin kaasin.

فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ مَا ٱسْتَطَعْتُمْ *Hanga dandeessanitti Rabbi sodaadhaa yoo wahitti isin ajaje waan irraa dandeessan dalagaa, waan hin dandeenye dhiisaa.Yoo dhaabbattanii salaatuu dandeessan dhaabbadhaa salaataa.yoo dadhabdan taa'aadhaa salaataa.ammoo yoo Rabbiin wahirraa isin dhoowwe, waan san matumaanuu irraa fagaadhaa.

وَٱسْمَعُواْ *Waan itti ajajamtan dhagayaa.

وَأَطِيعُواْ *Waan dhageessan itti dalagaa .

وَأَنفِقُواْ خَيْرًا لِّأَنفُسِكُمْ *Horii keessan Rabbii jecha baasaa, lubbuu teessaniif tolaa.

وَمَن يُوقَ شُحَّ نَفْسِهِۦ *Namni lubbuun isaa , horii baasuu jibbu'urraa qulqullooyte kan lubbuu, waa kennuu jaalattu qabu, warri waa kennatu.

فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْمُفْلِحُونَ ﴿١٦﴾ 16}*lsaani warri milkaaye.

إِن تُقْرِضُواْ ٱللَّهَ قَرْضًا حَسَنًا *Yoo liqii gaarii,Rabbiif liqeessitan, Rabbiif liqii gaarii liqeysun .Rabbii je'anii , garaa gaari'iin , horii karaa haqatti baasu'uu.

يُضَٰعِفْهُ لَكُمْ *Rabbiin sawaaba kennaa teessanii dachaa isiniif godha kennaa takkittii , sawaaba isi'ii, kudhanitti isiniif hisaaba yookaa lakkaawa .hanga odoo isinii ida'uu sawaaba kennaa takkitti'ii , dacha dacha godhee.dhibba torbaan gayutti .

وَيَغْفِرْ لَكُمْ *Rabbiin sawaaba dachaa isinii godhu'uun .wajji dilii teessan isiniif araarama

وَٱللَّهُ شَكُورٌ *Rabbiin kan galata namaa galchu .

حَلِيمٌ ﴿١٧﴾ 17}*Kan obsa qabu. kan nama isatti balleesse, qixaaxu'utti hin jajarre.

عَٰلِمُ ٱلْغَيْبِ وَٱلشَّهَٰدَةِ *Rabbiin kan waan namarraa fago'ootifii, waan namatti dhiyo'oo beeku.kan wanni dhukatu takkalleen isarraa hin dhukanne.

ٱلْعَزِيزُ *Inni mootii jabaa .

ٱلْحَكِيمُ ﴿١٨﴾ 18}*Kan waan uumu hunda tolchee uumu .kan dalagaan isaa bareeddu .